King County

OFFICE OF EQUITY & SOCIAL JUSTICE

QAJEELCHA MADDA COVID-19

OROMO COVID-19 RESOURCE GUIDE

LAST UPDATED 4/22/2020

XIQQOO
DALDAALA
ABBOOTII QABEENYAA

NAMA GODAANU
FI
KOLUU GALUU
HAWAASA

HOJI DHABDUMMAA
FAYYAA HAWAASAA
MANA JIREENYAA
MAALLAQA &
TAJAAJILAWWAN

QAJEELCHA MADDA COVID-19

Yeroo rakkisaa kana keessatti, maatii keessaniif kunuunsa gochuudhaaf deeggarsa si barbaachisu argachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Akka carraa ta'ee, sagantaaleen mootummaa baay'een isaanii weerara vaayirasii koronaa irraa kan ka'e ulaagaawwan waanta tokko argachuuf barbaachisan babal'isanii jiru. Tarree sagantaalee mootummaa baase guutummaaa keessaa kan isin ilaallatu argaachuf, Washington Connection irratti qormaaticha guutaa. Tajaajila addaa barbaaddu yoo ta'e, bakka barbaaddanitti akka isin geessuf kutaalee armaan gadii keessaa kamiyyuu filachuu dandeessu.

QAJEELCHA MADDA COVID-19 2
QUNNAMTII: 2
HOJI DHABDUMMAA 3
MANA JIREENYAA 4
TAJAAJILAWWAN 6
DEEGGARSA MAALLAQAA 7
GARGAARSA NYAATAA 8
EEGUMSA DAA'IMMANII 9
UNKI HOJJATTOOTA MURTEESSOO TAJAAJILA HATATTAMAA EEGUMSA DAA'IMAA MAGALAA SIYATIL ASII ARGACHUUN NI DANDA'AMA. ... 9
QABEENYA GODAANTOTA SEERA QABBEESSA HIN TAANEF 10
QABEENYA GODAANTOTA SEERA QABBEESSA HIN TAANEF KAN ITTI FUFE 11
LIQII DALDAALA XIXIQQAA FI DEEGGARSA YEROO BALAA 12
KING COUNTY MADDA AFAANOOTAATIN 13

QUNNAMTII:

Gaaffilee Godaantoota fi Koluu galtootaa	Gaaffilee Tajaajila Afaanii
Hamdi Mohamed Immigrant and Refugee Policy Advisor Hamdi.mohamed@kingcounty.gov	**Senayet Negusse, M.Ed. (sun-night)** Language Equity Program Manager Office of Equity & Social Justice snegusse@kingcounty.gov

HOJI DHABDUMMAA

Waktii weerara koronaatti hoji dhabeessa taatan yoo ta'e, karaaleen saffisaan ittiin fayidaalee hoji dhabdummaatiif itti galmaa'an marsariitii WA Muummee Nageenya Qacarriiti. Sababa COVID-19 f yoo hojii irraa hir'ifamtaniirtu ta'e, yoodhuma hojii mataa keessanii qabdu ta'e illee yookin idileedhaan kan isin irraa eegamu sa'aatii 680 hin hojjanne yoo ta'e illee, hammatamuudhaaf carraa bal'aa qabdu. Kun hojjattoota Lyft fi Uber nii dabalata. Akkasumas, fayidaan hoji dhabdummaadhaaf torban tokkoof turu dhaabbataa jira. Dabalataanis, dhaabbanni paakeejii Si'eessituu koronaavaayisrasii federaalaa kaffaltii hoji dhabdummaa $600 torban torbaniin hanga Waxabajjii 31 tti dabalee jira.

Osoo hin iyyatin dura, odeeffannoon kun qopha'aa ta'uusaa mirkaneeffadhaa (ESDWA):

- **Lakkoofsota Nageenya Hawaasaa Keessan.** Fayidaawwan fudhachuudhaaf Seerri federaalaa akka isin kanas dhiyeessitan isin irraa barbaada.
- **Maqaa fi teessoo mindeessaa keessan isa dhumaa,** hanga fedheyyuu achi yoo hojjatan yookin gosa hojii kam yoo hojjattan illee.
- Mindeessa keessan isa dhumaatif **guyyaa dhumaa hojjjattaniif.** Siistamichi guyyaa gara fuulduraa hin fudhatu. Ammayyuu hojjataa jirtu yoo ta'e, guyyicha itti iyyattan fayyadamuu ni dandeessu.
- **Maqaa fi teessoo mindeessitoota keessan waggoota lamaan darbanii hunda.** Mindeessitoota keessan waggoota lamaan darbanii hunda tarreessuu qabdu. Iyyata oonlaayinii irratti hanga mindeessitoot 16 tarreessuuf iddoon jira. Waggoota 2 darban keessatti mindessitotta 16 oliif hojjatttaniirtu yoo ta'ee, giddu gala iyyataatti bilbiluun iyyata keessan galmeessisuu qabdu.
- **Guyyoota isin mindeessitoota keessan hundumaaf hojjattan.** Guyyaa isaa isa sirrii hin yaadattan yoo ta'e tilmaama baay'ee itti dhiyaatu fayyadamaa. Mindeessan keessan hin gabaasu waan ta'eef, odeeffannoo kana nuuf gabaasuu qabdu. Isaan mindaa keessanii fi sa'aati hojattan qofa nuuf gabaasu.
- **Hojii keessan karaa yuuniyeenii argattan yoo ta'e, maqaa** fi **lakkoofsa** yuuniyeenii keessanii.
- **Waggoota lamaan darbaniif loltuu turtan yoo ta'e, DD214** keessan, koppii miseensaa kamiyyuu, 2 hanga 8.
- **Waggoota lamaan darbaniif hojjataa federaalaa yoo turtan, Unkaa Idilee 8** (SF8) –waa'ee Inshuraansii Hoji dhabdummaa hojjattoota federaalatti beeksisaa akksumas **Unkaa Idilee 50** (SF50) – Beeksisni Tarkaanfii Dhuunfaa hin barbaachisu garuu iyyatni keessan akka saffisuuf isin gargaara.
- **Lammii U.S miti yoo taatan**, **lakkoofsa galmee lammii alaa** ta'uu keessan kan Lammummaa United States fi Tajaajila Godaansaa (USCIS) tiin kenname.

Ragaa keessan erga qopheeffattaniin booda, asirratti galmaa'uu ni dandeessu. (https://secure.esd.wa.gov/home/) Gargaarsa dabalataa barbaaddu yoo ta'e, Pirojektiin Seera Hoji-dhabdummaa tajajaajila bilisaan kennaa jiru. Odeeffannoo dabalataa marsariitii isaanii irraa argachuu ni dandeessu yookan 206-441-9178 irratti isaanif bilbilaa. Hiikaan afaanii afaanoota hundamaan bilisaan jira. (http://unemploymentlawproject.org/covid-19/)

MANA JIREENYAA

Liqiiwwanii fi kiraawwan

Sababa weerarichaatiif liqii yookin kiraa ji'ichaa kaffaluu hin dandeenye yoo ta'e, nama isiniif liqeesse yookin isinitti kireessee hatattamaan qunnamaa. Liqeessitoonni baay'een abbootii manaatiif kaffaltiai dhiisa jiru.

Yerodhaaf Sochii Dhaabuu Mana keesssaa baafamuu irratti– Bulchaa Insleen hanga Ebla 17 tti sochiin akka dhaabatuuf waamicha dhiyeessam, kana jechuun yeroo kana keessatti mana keessaa hin baafamtan jechuudha. Addumatti immoo dabalataan, labsichi abbootiin lafaa "fayyaa fi nageenya kireeffataa yookin nama dhuunfaa" hanga hin mirkaneessinetti akka isaan dursanii yaadachiisa guyyoota 20 isnitti hin kennine ni dhorka. Kiraa kaffaluu hin dandeenye taanan, abbaan manaaa isin himachuu hin danda'u. Dhuma irratti, qaamonni seera kabachiisan ajajamanii mana gadi lakkisiisuu hin danda'an. (Wajjiira Bulchaa)
Haala mana jireenyaa keessan irratti gargaarsa yoo barbaaddan, dhabbiileen isin gargaaruu danda'an heddutu jiru.

- **Catholic Community Services** - (206) 323-6336- (https://ccsww.org/gethelp/housing/)
- **El Centro De La Raza** - (206) 329-0786 - (http://www.elcentrodelaraza.org/get-help/housing-economic-development/)
- **Washington Homeownership Hotline** - (877) 894-4663 -. (https://dfi.wa.gov/homeownership)
- **Saint Vincent de Paul Financial Assistance** - (206) 767-6449 - (https://svdpseattle.org/get-help/online-help-request-form/)
- **World Relief Seattle** - (253) 277-1121 - (https://worldreliefseattle.org/)
- **Men's homeless shelter** - Kan Kent, Renton fi karaa fedeer Federal Way keessa hojjachaa jiran. Karaa Catholic Community Services SKC Shelter services fudhadhaa (253) 854-0077 (https://ccsww.org/get-help/shelter-homeless-services/)
- **King County Women's Winter shelter** - YWCA Angeline's 2030 3rd Ave Seattle (between Lenora and Virginia). Dubartoonni Bakka Galmee Dubartootaf Akeekameetti guyyaa guyyaadhaan sa'aatii 6 PM – 9 PM tti galma'u. 9 PM booda, daawwii tasaa taasisaa yookan (206) 436-8650 bilbilaa.
- **Hospitality House**- Dubartoota qophaa ta'an tajaajila, Ijoolleen hin jran at 16003 14th Ave SW, Lake Burien Presbyterian Church. Screenings at (206) 242-1860
- **REACH Center**- Da'oo guyyaa (maatii muraasaf da'oo halkanii) dubartoota fi ijoolleef 1055 S Karaa Grady- P2, (425) 277-7594, da'oo guyyaa 8 PM - 5 PM qofa Wixataa-Jimaataa. REACH wantota akka nyaataa, uffata, huccuu miiccuu fi dhiqannaa qaamaa dhiyeessa. (https://www.reachrenton.org)
- **Youth Housing Connection for Homeless Young Adults 18-25** - Beellamni qaaman wal argan, guyyaa fi yeroo irratti hundaa'uun ejansiiwwan adda addaa biratti taasifama, (206) 328-5796 odeeffannoof.
- **Family Housing Connection** maatiwwan mana hin qabnee fi bakka namni jiraachuuf hin malle jiraataa jiraniif 2-1-1 yookin 1-800-621-4636. Maatiiwwan karaa gubbaa yookin konkolaataa keessa taa'uu qabu. Moteela keessa tursuun yookan lama ta'anii iddoo tokko turuun fudhatama hin qabu.
- **Tent Cities - Seattle** (206) 399-0412 -Argamuu yookin argamuu dhiisuf bilbilaa. Manaan alatti dahoo ofiin to'achuu danda'an dhiirotaaf, dubartoota & hiriyootaf. Bakki ni jijjiirama.

Waa'ee nama amma natti kireessee ilaalchisee gargaarsa eessaan argachuu danda'a? → Gamtaa kireeffattootaa (206) 723-0500

Mana keessaa baafameen jira – maal gochuun qaba/gargarsaf gara eenyuttan bilbiluu qaba → 2-1-1

Arifachiisaa/mana yeroof keessa turaan
YMCA (shelter) 206-461-4882

Gargarsaa Kireefachuu
Hope Line 425-869-6000
Hope link (Eastside) 425-943-7555
Solid Ground Tenant Services 206-694-6767
Community Information 206-461-3200
Housing & Essential Needs Programs 206-328-5755
King County Crisis Clinic 1800-621-4636 or 206-461-3222
Supportive Services for Veteran Families 206-545-2344

Catholic Community Services: 206-323-6336 or Emergency Assistance program 253-850-2523.

Madda dabataa heddu as Siyaatilitti argaachu dandeessu. (https://tinyurl.com/uopjdql)
Madda dabalataa heddu as guutummaa naannootti argachuu ni dandeessu. (https://tinyurl.com/w4anaa5)

TAJAAJILAWWAN

Bulchaa Insileen tajajilaawwan mootummaa Isteeta Washington keessa jiran hundi isaanii yeroo muddamaa kanatti warreen kaffaluu dadhabaniif taarifa addaan kutuu akka dhaaban; akkasumas kaffaltii adabbii maamiltoota hojii gadi dhiisanii akka dhiisan yookin maamiltootaaf karoora kaffaltii akka dhiyeessanii fi maamiltoota diinagdeen isaanii weerara kanaan miidhameef sagantaa gargaarsa biilii akka bal'isaniif waamicha dhiyeessaniiru.

Tajaajilawwan

- **Snohomish Public Utility District** yeroo kanatti tajaajila maamiltootaa addaan hin kutu. Odeeffannoo dabalataaf, 425-783-1000 irratti Tajaajila Maamilaaf bilbilaa yookan fuula marsariitii isaanii kana ilaalaa. (https://www.snopud.com/Safety/covid19.ashx?p=3792)
- **Puget Sound Energy** tajaajila maamiloota irraa addaan kutaa hin jiru, kaffaltii adabbii barfachuus dhaabaa jira, akkasumas maamiltoota galii gadi aanaa qabanii fi gargaarsaaf ulaagaa guutaniif poortaalii deeggarsa maallqaa asitti banee jira. (https://www.pse.com/pages/bill-and-weatherization-assistance)
- **Seattle Public Utilities (SPU) and Seattle City Light (SCL)** karoora kaffaltii yeroo dheeraa dhiyeessaa jiru. Hanga rakkoon COVID-19 kun jirutti guutummaa Siyaatil keessatti kaffaluudhaaf human yoo dhabndan illee tajaajilli ittuma fufa. Maamilootni mana jireenyaa, 206-684-3000 tti bilbiluudhaan yookin seattle.gov/utilities/about-us/email-question tti iimeelii erguudhaan SPU yookin SCL wajjin mala ittiin kaffaltiin gara fuulduratti siqu karoora dhiyeessuu ni dandeessu.
- **Tacoma Public Utilities** - Manni maree magaalaa waajjiraa bishaani, qulqullinaa naannoo, bishaan obonboleettii, fi koosii jajjaboo akka isaaan kaffaltii dhiyeessii warreen hin kaffaleef dabarsaan ajaje. Manni mare akkasumaas gargarsa yeroo muudamma Taakomaa dhiyeessii hawaasumma ragaasiise akka mannettin baayeen tajaajilaa kanatti gargaramaniif. Akka isin ilaallatu baruu fi galmaa'uuf marsariitii kana ilaalaa. (https://www.mytpu.org/emergencyassistance/)

Intarneetii (Biroodbaandii fi Wi-Fi)

- **Comcast** - Comcast Maamiltoota Barbaachisoo Haraadhaaf tajaajila intarneetii tolaa ji'a lamaaf kennaafii jira. Kiitii ofiin fe'amu kan moodamii keebilii rootarii Wi-Fi waliin ni fudhattu. nii argaatuu shiboo moodeemif duuffisaa Wi-Fi nii dabalataa. Odeeffannoo dabalataa asii argachuu dandeessu.
- **Xfinity Hotspots** - Guyyoota 60 kan turu, hootispooti Wi-Fi Xfinity warreen Xfinity hin fayyaddamnee dabalatee nama hundaafuu bilisa. Maamilootni hundinuu daataa kaffaltii irraa bilisaa argatu; akkasuma kaffaltii adabbii yookin hanga maamiltoonni Comcast qunnamanii haalicha ibsanitti adabbiin yookin adda kutuun hin jiru.
- **CenturyLink** - CenturyLink kaffaltii adabbii dhiisera, daataa bilisaas maamiloota isaa hundaaf akkasuma namoota hin kaffalleef guyyoota 60 f adda hin kutu.
- **AT&T** - AT&T WIFI hostpot bilisaa kennaa jira, kaffaltii adabbiis dhiisun, namoota guyyoota 60 f hin kaffallerraayis hin kutu. Akkuma Comcast, AT&T nis tajaajila bilisaa hawaasa isaa Wi-Fi hotspot fayyadamaniif kennaa jira. Dabalataanis, fayyadamtootni isaa intarneetii shiboo mana fayyadamanii fi intarneetii shiboo malees kan yeroo murtaa'eef tajaajilu fayyaddamaniif daataa daangaa hin qabne bilisaa ni argatu.
- **Verizon** - Verizon Wi-Fi hotspots bilisaa kenna jira, kaffaltii adaabis dhiisun, namoota guyyaa 60 f hin kaffaleera hin kutuu.
- **T-Mobile** - T-Mobile nis maamiltoota amma jiranii fi daataa waliin karoora qaban hundumaaf daataa bilisaa daangaa hin qabne guyyoota 60 dhufaaniif kennaa jira. Akkasumas namoota moobayilaan hotspots fayyadamaniif daataa dabalataa ni dhiyeessu.

DEEGGARSA MAALLAQAA

Temporary Assistance for Needy Families (TANF) maatiiwan gargaarsa barbaadaniif deeggarsa maallaqaa fi waldhaansaa yeeroo muraasaaf dhiyeessa. Ulaagaa sagantichaa ni guutu taanan, Koolu galtootni fi godaantotni TANF dhaaf maluu danda'u. Maatiwwan ijoollee hin qabne akka hammatamaniif Bulchaan haal-dureewwan ulaagaa guutuu kan Sagantaa Deeggarsa Hatattamaa Maatii babal'iseera. (DSHS)

TANF dhaf seera qabeessa ta'uuf/ulaagaa guutuuf, maatiin keessan qabeenya yoo xiqqaate $6,000 yookan isaa gad qabaachuu qabu. Qabeenyi wantoota akka:

- Herrega socho'aa fi qusannaa
- Istookii, boondii, yookin fandii waliinii
- Qabeenya konkolaataa $10,000 olii

Seera qabeess/ulaagaa guutudhaaf, jalqaba qoramaata calallii duraa fudhadhaa. Sanaa booda, iyyaachuuf, unkicha guutaa. Unkicha guutuuf naannoo daqiiqaa 60 kan fudhatu yoo ta'u calalliin ammoo guyyoota 30-45 ni fudhata. Yeroo tokkotti sagantaalee heddutti galmaa'uu ni dandeessu.

Qormaata calallii duraa: https://tinyurl.com/v2tlx83
Galmee: https://tinyurl.com/tuhfsgn

Unkicha afaan biraatiin guutuu yo barbaaddan, karaa afaan barbaaddaniif unka buusuu ni dandeessu. (https://www.dshs.wa.gov/office-of-the-secretary/forms?field_number_gatii=14-001&mata duree=)

Sagantaalee Deeggarsa Maallaqa Hawaasummaa

- **National Domestic Workers Alliance Fund** - Hojjataa manaa (fkn. Hojaata kunuunsa mana keessaa, Guddisee fi/yookaan qulqulleessituu manaa) yoo taatan, fandii kana irraa deeggatsa maallaqaa $400 argachuu ni dandeessu. Asirratti galmaa'uu ni dandeessu: https://membership.domesticworkers.org/coronavirus-care-fund/

- **One Fair Way Emergency Fund** - Industirii tajaajilaa keessa hojjatu yoo ta'e, deeggarsa kennaa maallaqaa fandii kana irraa fudhachuu maltu. You can apply here: https://ofwemergencyfund.org/help

- **COVID-19 Financial Solidarity** - Herreega paypal, Venmo yookan CashApp yoo qabaattan, unka kana fayyadamuun: https://tinyurl.com/tw9karv. gargaarsa gaafachu dandeessu. Galma keessan gahuuf kan isin gargaaru $500 gadii akka gaafattan warreen qindeessan himaniiru.

Fandii Shaani- Tajaajilaa nyaataf gargarsaa maallaqaa taasisuu ykn hojaatota mana nyaataf warreen King County jiraataniif, akkasuma kan akka sa'aati hojii hir'isaniif ykn kan sababa weeraraa COVID-19 f hojiirra hir'ifaman kanaaf iyyachuu danda'u, warreen shaani miiccan, kanneen bilcheessan, keessummeessitoota, kan dhugaati dhiyeessan, hojjattoota konkoolata nyaata fi gargaartota kaafee ni dabalata. Caalmatti namoonni gargaarsi barbaachisuuf fandii hatattamaa kana akka argataniif, Namootni kana duraa mootumma irraa gargaarsa argatan kanaaf iyyachuu hin qaban

GARGAARSA NYAATAA

COVID-19 Mutual Aid Solidarity Network - Nyaata yookan dhiyeessiwwan biroo barbaaddu yoo ta'ee fi naannoo Siyaatil jiraattu ta'e, waanti isin barbaaddan mana keessanitti akka isiniif dhufutti unka guutaa. Wantoota nyaataf isin barbaachisan hanga $50 tti isin danda'u. (https://tinyurl.com/whspv2n)

COVID-19 South King County and Eastside Mutual Aid - Yoo nyaata ni barbaaddu ta'e, yookan waan biroo, fi naannoo Kibba King County yookan karaa Bahaa jiraattu ta'e, unka kana guutaa waan mana keessaniif barbaachisu mana keessaniiti isiinif dhufa. Ni barbaaddu yoo ta'e nyaata keessaniif deeggarsa maallaqaa gaafachuu ni dandeessu. (https://tinyurl.com/ud8955o)

Gargaarsa Nyaataa BaratToota Mana baruumsa Mootummaatiif
Manneen barnootaa yoo cufaman illee, manneen barnootaa aanolee baay'een isaanii kan naannoo King County keessa jiran torbee guutuu laaqana raabsaa jiru. Maatiwwan barattoota isaanii waliin hirmachuu danda'niiru. Maaloo, bakkeewwan nyaanni itti argamu argachuuf marsaariitii mana barnoota naannoo keessanii ilaalaa.

FEEST Seattle Dhiyeessiwwan Nyaataa Maatiwwan Barattoonni Isaanii Manneen Barnootaa FEEST Jiraniif
Maatiwwan barattoota isaanii waliin Manneen Barnoota Sadarkaa Lammaffaa Sealth, Evergreen, Rainier, Beach, fi Tyee argaman Nyaatawwan BILISAA manatti isaanif dhufu gaafachuu danda'u. Isin irraa kan eegamu unka oonlaayinii irratti wantoota bitachuu barbaaddan tarreessuun, odeeffannoo teessoo keessanii fi yeroo kamitti akka isiniif dhufu guutuu qofa. Waan nyaata manaaf ta'u gaafachuuf liinkii kana ilaalaa: https://www.feestseattle.org/grocery-delivery-for-feest-families/

WA-BLOC Hawaasa Rainier Beach Jiraataniif Gragaarsa Nyaataa
WA-BLOC yeroo manneen barnootaa cufaa jiranitti barattoota Hawaasa Rainier Beach jiraataniif Facaasaadhaa fi Kamisa yeroo hundaa sa'aa 1:00 PM hanga 3:00 PM tti pilaazaa Giddu Gala Hawaasa Rainier Beach tti laaqana hoo'aa dhiyeessafii jira. Odeeffannoo dabalataa Fuula feesbuuki WA-BLOC's argachuu ni dandeessu. (https://www.facebook.com/pg/wabloc/posts/?ref=page_internal)

Northwest Harvest SODO Community Market
Northwest Harvest SODO Community Market nyaata osoo hin saamsamin dursee qophaa'e, nyaatawwan qopha'oo, fi nyaata yeroo dheeraa turuu danda'aan mana manatti dhiyessaa jiru. Tajaajilichatti seenuun hin barbaachisu. Kun nama UMURII KAM KEESSA JIRU kamiifuu banaadha. SODO Community Market ollaa SODO Siyaatilitti bakka 1915 4th Ave S, qaraqara 4th Ave S & S Holgate St. tti argama. Odeeffannoo dabalataa waa'ee bakkaa fi tajaajila geejjibaaf kana irratti argattu: https://www.northwestharvest.org/sodo-community-market

Meals on Wheels
Meals on Wheels namoota umuurrin isaanii waggaa 60+ manaa bahuu hin dandeenyeef nayaata mana manatti bilisaan dhiyeessaa jira. Yoo umuurrin keessan waggaa 60 gadi ta'e, nyaatni akka isin qaqqabuuf nyaata tokkotti $7 kaffaluu qabdu. Asitti oonlaayinii galmaa'uu dandeessu: https://www.tfaforms.com/4734393

Food Lifeline
Bankii nyaata isinitti dhiyoo jiru argaachuuf, ziippi koodii keessan asitti galchaa: https://foodlifeline.org/need-food/

Eegumsa daa'immanii

Yeroo manneen barnootaa cufaa ta'anii jiran kanatti hojii hojaachu barbaaddan yoo ta'e, qabeenya baayeetu karaa Muummee Tajaajila Hawaasa fi Fayyaa WA ijoolleef kennamu heddutu jira.

Child Care Aware sagantaa maatiin ittiin eegumsa daa'imaa naanoo isaaniti dhi''oo fi/ykn bakka hojii argaataniidha. Marsariitii ilaalaa yookan bilbiluun garee filannoo eegumsa ijoolle barbaaddan akka argattaniif isin garagaaru waliin wal qunnamuuf 800-446-1114 irratti bilbilaa.
(https://childcareawarewa.secure.force.com/providerupdate/CCAWAOnlineLookUp)

Sagantaan Naannoo **Maatiwwanii, Hiriyootai fi olaa** kana sagantaa kana irratti hammataman akaakayyuu, eessuma fi wasiila, Manguddoota, angafa guddaa, hiriyoota, olaa fi kanneen biroo warreen kunuunsa daa'immanii dhiyeessun maatii gargaaraniidha. Maatiin muraasni kaffaltii nama isaan kunuunsuu kaffaluuf, gargaarsa fudhachuu ni danda'u. Marsaariiticha ilaalaa yookan odeeffannoo dabalataatif 866-482-4325 irratti bilbilaa.
(https://www.dcyf.wa.gov/services/earlylearning-childcare/ffn)

Tajaajila Intarneeta Biroodbaandii Bilisaa Baratootaaf - Barattoota gargaaruuf, mana baruumsaa keessatti wal argaa, Altice tajaajilaa inteernetaa bilisaa K-12 f kennaa jira; akkasumas barattoota kolleejjif guyyoota 60 kan turuudha. Asirratti galmaa'uu ni dandeessu: https://www.alticeusa.com/news/articles/feature/corporate/altice-usa-brings-free-broadband-k-12-and-college-students-during-coronavirus-pandemic

Unki hojjattoota murteessoo Tajaajila Hatattamaa Eegumsa Daa'imaa Magalaa Siyatil asii argachuun ni danda'ama.
Yoo isin hojjataa murteessaa bakka King County tti hojjattan yookin jiraattan taatan akkasumas tajaajila bilisaa eegumsa ijoollee irratti hirmaachuu barbaaddu yoo ta'e, Maaloo, hubannoof gara eegumsa kenninsaa Waashingitaaniitii 1-800-446-1114 irratti bilbiluun hojjataa Giddu Gala Maatii waliin waanta fudhatamu xumuraa. Erga fudhataniin booda, dursaan garee haala mijeessaa waan maatiin keessan barbaadu kan madaalu waliin wal isin qunnamsiisa. Raggaasisni qacarrii fi/yookoin iddoo ni barbaachisa.

Maaloo Yaadadhaa: Adeemsichaa saffisiisuuf, ragaalee mirkaneessaa barbaadaman **subsidy@childcare.org** tti ergaa.

Mindeessaa Mirkaneessuu: Maqaa mindeeffamaa, kan mindeessaa fi teessoo itti dabaluun dirqama. Wantoota armaan gadii keessaa suuran tokkoo gahaadha:

- Baajii Waaraqaa eenyummaa;
- Iimeelii bakka hojii irraa maqaa fi odeeffannoo qunnamtii qabu toora mallattoo irratti;
- Kardii daldalaa **YOOKIN** galmee kaffaltii **YOOKIN** sagantaa hojjachiisaa mul'atu.

Ragaan kan ji'a 3 kan hin caalle ta'ee, maqaa mindeeffamaa, fi osoo inveloopiin itti hin godhamiin ykn dhuunfan alaalatti. **Yoo mana jireenya hin qabdan ta'e yookan bakka mana jireenya keessanii mirkaneessu hin dandeenye yoo ta'e, mala ittiin mirkaneessan filannoo biraa akka dhiyeessuu dandeenyutti maaloo nu beeksisaa.**

- Tarree kana keessaa **TOKKO** galchaa:
  - Kaffaltii Fayyadamaa (Boba'aa, Bishaan/Kosii, Ibsaa/Elektirikii, Shiboo, Bilbila mana)
  - Mana/Inshuraansii Kireessaa
  - Galmee Liqii Yeroo Dheeraa YOOKIN tarreefama kana irraa **LAMA** maddaa adda addaa irraa: Kaffaltiiwwan biroo, Eeyyama Kaonkolaachisaa, galmee Fayidaawwanii (DSHS, SSI, galmee kaffaltii, kkf.), Galmee inshuuransii (fayyaa, konkolaataa, kkf.), Galmee faayinaansii (Isteetimentii Baankii, soorama, isteetimentii kardii liqii) yookin Liizii yookin Xalayaa Ejansii Manaa

QABEENYA GODAANTOTA SEERA QABBEESSA HIN TAANEF

Yoo isin seera qabeessa ta'uudha baattan, gargaarsa federaala fi naannotiif hin maltan. Garuu, dhaabilleen miti mootummaa ta'an kan yeroo kanatti isin gargaaran jiru.

Saganta Gargaarsa Maallaqaa

Yoo rakkoon maallaqaa isin rakkisa jira ta'e, gargaarsi fandii isin itti galmaa'uu dandeessan heddutu jiru.

- **Betancourt Macias Family Emergency Fund** - Namni seera qabeessa hin taane kamiyyuu asitti fandii kanaaf galmaa'uu ni danda'a: https://www.undocuscholars.com
- **National Domestic Workers Alliance** - Hojjataa biyya keessaa yoo taatan (fkn. Kunuunsa mana keessa, guddisee fi/yookin mana qulqulleessu), fandii kana keessa deeggarsa maallaqaa hanga $400 argachuu dandeessu. Asirratti galmaa'uu ni dandeessu: https://membership.domesticworkers.org/coronavirus-care-fund/
- **One Fair Way Emergency Fund** - Yoo induastirii tajaajila kennan keessa hojjattu ta'e, fandii kana keessa kennaa maallaqaa argaachu dandeessu. Asirratti galmaa'uu ni dandeessu: https://ofwemergencyfund.org/help
- **COVID-19 Financial Solidarity** - Yoo herreega Paypal, Venmo, ykn CashApp qabataan, unka fayyadamuun gargaarsa gaafachuu ni dandeessu. Sana booda qindeessitoonni galmee irratti eegatootta keessa isiin galchu. Isaan akka ati $500 gadi gaafatuuf si jajjabeessu akka yaadni kee galmaa ga'uuf. (https://tinyurl.com/tw9karv)
- **DACA Haareffama Carraa Barnoota** - El Centro De La Raza namoota dhuunfa gargaarsa maallaqaa addaa DACA isaanii haareeffachuuf barbaadaniif carraa barnoota bilisaa kennaa jira. Cheekii qophaa'e guutummaan gara Muummee Nageenya Biyya Keessatti ni ergu. Unkicha asitti galchaa: http://www.elcentrodelaraza.org/get-help/daca/?fbclid=IwAR3rhuFR-XBXrEQ_DsuVPIZ8C-EUmYGZb4RFcBv7tiBr33KJbMMi4ePvORQ
- **COVID-19 Relief Namoota WA Hin Galmaa'iniif** – Galmeen kan eegalu Ebla 8 yoo ta'u, nama tokkoof $500 - $1,500 raabsudhaaf yaadaa jiru. Tarree eeggattummaa isaanitti dabalamuuf unka kana guutaa: https://tinyurl.com/vh2c8k4

QABEENYA GODAANTOTA SEERA QABBEESSA HIN TAANEF KAN ITTI FUFE

Eegumsa Fayyaa Argachuu

Kan jalqabaa fi dursa argachuu qabu — kunuunsa yoo barbaaddan, doktara bira deemaa. Nageenya keessanii fi namoota naannoo keessan jiraaniitiif jecha, yoo mallattoo of irratti argaa jirtu ta'e eegumsa fayyaa argachuun keessan murteessadha. Asii gaditti odeeffannoowwan barbaachisoo isin yaadachuu qabdan tarreeffamaniiru:

- Yoo inshuuransii hin qabdan ta'e, qorannoon bilisa yoo ta'u baasiin isaa Dhaabbata Balaa Fayyaa Biyyoolessaatiin uwwifama.
- Yommuu deemtan/ilaaltan icciitiin odeeffannoo kan ittiin to'atamu seera cimaatu jira. Qaamni seera kabachiisu bakkeewwan waldhaansa fayyaa kanneen akka hospitaalaa, kilinika fayyaa, iddoowwan waldhaansi fayyaa hatattamaa itti kennamu keessatti, haalota addaa keessatti yoo ta'een alatti, nama hidhuu akka hin dandeenye serri godaansaa ni dhorka.
- Doktara bira dhaquudhaaf inshuraansiin fayyaa dirqama miti. Haallo godaansaa maal yoo ta'e illee, giddu galawwan fayyaa hawaasaa tajaajila fayyaa tolaa fi gatiin isaa gadi aanaa laatu.
    - Dhiyeenya keessanitti buufataalee fayyaa barbaadaa: https://findahealthcenter.hrsa.gov/
    - Kiliinikoota tajaajila bilisaa fi tolaa oltoota ta'an barbaadaa: http://www.nafcclinics.org/find-clinic
- Waa'ee yeroo kam waldhaansa fayyaa yoom argachuu akka qabdan mirga keessan baruudhaaf barreefama kana dubbisaa: https://protectingimmigrantfamilies.org/wp-content/uploads/2020/02/You-Have-Rights-Protect-Your-Health-Updated-February-2020-ENGLISH.pdf

Mana Jireenyaa — Tarreefamni sagantaalee gargarsaa mana jireenyaa armaan oliti tarreeffaman godaantotaa seeran alaaf kan eeyyamamaniidha. Kutaa "Mana Jireenyaa" jedhu armaan oliitti ilaalaa.

Nyaata fi Dhiyessii — Tarreefamni gargarsaa nyaata armaan oliiti tarreefaman hundi, haala dhimmi godaansa isaaniitiin osoo addaan hin baasin, namoota hundaaf kan qophaa'edha. Kutaa armaan olitti "Gargaarsa Nyaataa" jedhu ilaalaa.

Godaantota hin galmoofnef tarreeffama qabeenyaa jiru haaressudhaaf barreeffama kana ilaalaa: https://tinyurl.com/wrmeqhk

LIQII DALDAALA XIXIQQAA FI DEEGGARSA YEROO BALAA

Payroll Protection Program
Liqiin SBA biizinasiiwwan yeroo rakkoo vaayirasii koronaa (COVID-19) kanatti daldaalli isaanii itti fufuun hojaatotni isaanii hojiirra akka turaan deeggara.

Coronavirus (COVID-19) SBA Disaster Assistance
Bulchiinsi Daldala Xixiqqaa U.S naannolee fi daangawwanif liiqaa dhalaa xiqqaa yeroo balaa feederaala kapiitalaa hojiif daldala xixiqqaaf warren miidhan daldalaa sababa (COVID-19) tiitin isaan mudateef dhiyeessaa jira.

Coronavirus (COVID-19) SBA Relief Options
Kanneen gargaarsa barbaadaniif filannoowwan fandii heddu

The CARES (Coronavirus Aid, Relief and Economic Security) Act Frequent Questions
Association of Washington Businesses (AWB) fuula gaaffilee yeroo heddu gaafatamanii fi deebiin itti laatame kan COVID-19 dhaan wal qabatu qaba.

Coronavirus (COVID-19) SBA Guidance and Resources
Filannoowwan Gargaarsa Vaayirasii Koronaa fi Qajeelfama Warra Daldaalatii fi Mindeessitootaa

Other SBA Funding Programs
Sagantaalee deeggarsa SBA kan biraatti geessu

How SBA Loan Programs Work
SBA'n daldaala xixiqqaadhaaf liqii dhiyeessuf liqessitoota waliin hojaata. Ejeensiin kallattiidhaan daldaala xixiqqaadhaaf liqii dhiyeessuu hin danda'u. Iddoo isaa, qajeelfama shariikotni isaa, dhaabbilee misooma hawaasaa fi dhaabbilee liqii maayikiroo ittiin liqaa kennan qopheessa. SBA'n warreen liiqeessaniif balaa dhufuu hir'isaa akkasumas akka isaan salphaatti kaappiitaala argatan gargaara. Kunimoo daldaaltonni xixiqqaaan salphaatti liiqa akka argatan taasisa.

Washington State's Central COVID-19 Webpage
Kuni marsariitii COVID-19 Isteeta Washington seera qabeessa fi Giddu Gala Wal-ta'iinsa Odeeffannoo (JIC) naannotiin eegame. JIC'n qaama Giddu Gala Tarkaanfiwwan Hatattamaa Isteeta Washington Camp Murray irraa hojjatuudha. Marsariitichi kan qabate odeeffannoo waa'ee: gargaarsa maallaqaa daldaltotaa fi hojjatootaf, odeeffannoo inshuuransii dandaaltotaaf, liqii daldaala xixiqqaa fi daldaalawwan xixiqqaa fi qabeenya bu'aa bu'aadhaaf hin hojjanne

Startup Washington maddoota Naanno fi Federaalaa gosa addaa garaa hammata.

KING COUNTY MADDA AFAANOOTAATIN

KING COUNTY MADDA AFAANOOTAATIN	ISTEETA WASHINGTON & MADDA AFAANOTAATIN KAN BIRAA
○ Amharic ○ Arabic ○ Chinese ○ Dari ○ Filipino – Tagalog ○ French ○ Hindi ○ Hmong ○ Japanese ○ Khmer – Cambodian ○ Korean ○ Lao ○ Marshallese ○ Oromo ○ Pashto ○ Persian (Farsi) ○ Russian ○ Somali ○ Spanish ○ Thai ○ Tigrinya ○ Ukrainian ○ Vietnamese	○ Washington State COVID Educational Materials 26+ ○ Center for Disease Control (CDC) Resources in Languages other than English ○ American Sign Language COVID-19 resources ○ Washington State COVID-19 Video Series ○ Center for Disease Control (CDC) ASL COVID-19 Video Series ○ Harvard COVID-19 Fact Sheets in 30 languages